



**Qajeelcha Poolsiili Miniyaapoolis
Maanuwaalii Imaammataafi Adeemsaa**

Lakkoofsa:
9-100

Jildii Sagal – Imaammata Raawwii

Hidhaa Gaheessotaa

- 9-101.01 Yakkaa olaanaa fi dame yakka xixiqqa jalatti yakkoota gurguddo namoota raawwatan to'achuurraati ragaalee hawaasaa barbaachisa-Ka'umsa Shakkii Seera Qabeessa**
(05/29/02)

(A-B)

Yakkaa olaanaa fi dame yakka xixiqqa jalatti yakkoota gurguddo irratti nama to'achuu ilaalcissee qajeelfamoonni asitti aanan hojiirra ni oolu:

Sappiliimantii Zeero iskiriinii ragaaleen itti galmaahan CAPRS irratti deebiin dursee barreefame mata duree “Odeeffannoo Uummataa” jedhuun ni dhufa. Deebii dursee qophaayee gadhiifamu kanatti aanee Poolisoonni ta’ii ture/ hidhaa raawwatame bali’naan ibsuu qabu. Gabaasa kana keessatti maqaan, bakki jireenyaa ykn odeeffannoolee biroon waayee miidhamaa ykn nama miidhaa gahe ijaan argee hin barreeffamu.

Ergaan atattamaa itti aanee dhufu ibsa seeraa sababa hidhaa raawwatamee ta’uu danda’udha. Ergaa kana booda Poolisoonni tilmaamaan keewwata tokko ykn lamaan wantoota hidhaa raawwatameef sababa ta’uu danda’an ni barreessu.

Gabaasa CAPRS Cjalatti sappilimeentiin tokko taatee ture hunda isaa bal’innaan ni ibsa.

Hidhaa PC arrest Buuletiin(PC Pick-up) irratti hundaa’ee raawwatamuun walqabatee, Poolisoonni PC Pick-up gabaasa CAPRS waliin walqabsiisuu qabu. Koppiin PC Pick-up ammo wiirtuu gal mee tiraaniskiripishinii ykn marsariitii MPD irraa argamuu danda’a.

Kakuun barreeffamaan ykn sagaledhaan galame erga dhiyaatee boda, qondaaltotni nagaa kabachiisan, gabaasa Poolisii biraatiin barreefame irratti mallatteessu, kunis hidhaa raawwatameef wantoota sababa ta’an dhiyeessuu ta’a.

Poolisoonni nama ragaa ta’uuf MPD irraa dhufe fuulduratti waayee dhimmoota hidhaaf sababa ta’anii irratti ibsa barreessan irratti ni kakatu. Qaamoleen nageenya to’atanis ibsa sababoota hidhaa irratti poolisii biraan qophaaye irratti mallatteessuun wantoota hidhaaf sababa ta’uu malan ni dhiyeessu.

Kanneen MPD irraa raga ta’uuf dhiyaatan adeemsa kakuu fi mallattoo gochuu ni taajjabu, kana boodas ibsa qophaaye irratti ni mallatteessu, lakkoofta hayyamaa isaaniifi guyyaa hayyamni isaanii itti xumuramu ni barreessu.

Poolisiin gita olaanaarra jirufi hidhaa kana raawwatu gabaasota sababoota hidhaa kanaa ta’uu danda’an hunda irratti mallatteeefamuu isaanii mirkanoeffachuuq gaafatamummaa qaba.

Hojjetaan wiirtuu Tiraaniskiriipishinii ibsa kakuufi mallattoon irra jiru sanbattaniifi sa’atii hojiin ala wiirtuu galmee seenaa yakkaatti, yeroo hojii idileetti ammoo wiirtuu qorannootti raabsa.

Hojjetaan kutaa seenaa yakkaa, guca mana murti guutee gabaasa hidhaa waliin walitti hidha.

Imaammatni kun hidhaa daa’immanii yakka olaanaa raawwataniifi gosa yakkaa xixiqqa jalatti yakkoota olaanoo raawwataman ilaachisee hidhaa raawwatamu irrattis ni hojjeta.